SMILE SQUAD

WAL'AANSA ILKAANII BILISAAN

dental health services victoria

VICTORIA State Government

# Smile Squad sagantaa wal'aansa ilkaanii mana barumsaa BILISAAN

## Smile Squad yeroo dhiyootti mana barumsaa keessan ni daawwata.

Sagantaan wal'aansa ilkaanii mana barumsaa Mootummaa Victoria barattoota mana barumsaa mootummaa Victoria hundaaf BILISA. Maatiin keessan jala akka hin darbineef kuufama kana mallatteessaatii deebisaa.

Barattoonni hundi argachuu kan danda'an:

- sakatta'iinsa ilkaanii bilisaan
- tajaajilawwan ittisaa fayyummaa ilkaanii eeguuf
- wal'aansa waliigalaa (yoo barbaachise)

Odeeffannoo dabalataaf, ykn unka guutuuf gargaarsa yoo barbaaddan:

- **Imeelii: smilesquad@dhsv.org.au**
- **Bilbila: 1300 503 977**
- **www.health.vic.gov.au/smile-squad daawwadhaa**

## Waan gochuu qabdan:

**1** **Odeeffannoo** kuufama kana keessa jiru hunda Dubbisaa.

**2** **Unka** hunda Afaan Ingiliffaatiin guutaa mallatteessaa:

- Unka hayyamaa (fuula 4)
- Odeeffannoo barataa (fuula 5)
- Faayidaa Wal'aansa Ilkaan Daa'immanii Saganteessuu hayyama dhukkubsataa kaffaltii hedduu (dirqalee) (fuula 6)
- Seenaa yaalaa (fuula 7)
- Gaafannoo fayyaa afaanii (fuula 8)

**3** **Unkaalee** haga dandeessanitti dafaa gara mana barumsaa keessanitti Deebisaa .

**4** **Odeeffannoo** biroo hunda wabiif kuufama kana keessa ka'aa .


**Maaloo unkaalee QUBEEWWAN GUDDAA fayyadamuun guutaa.**

Unkaan hayyamaa afaanota birootiin dubbisuuf ni argama.

**www.health.vic.gov.au/smile-squad/providing-consent-for-smile-squad daawwadhaa yookaan unkaalee hiikaman argachuufkoodii QR scan godhaa.**

Maaloo kan Afaan Ingiliffaatiin qofa nuuf galchaa.

## Akka gaariitti nyaadha, akka gaariitti dhuga, akka gaariitti qulqulleessa



**Nyaata haaraa (kichuu) filadha akkasumas nyaata sukkaara qabu, dhugaatii fi mi'aawaa daangeessa**



**Bishaan hedduu dhugaa**



**Ganamaafi galgala saamuunaa ilkaan filooraayidiitiin buruushiin rigadhaa**

## Baasiin ni jiraa?

Lakki. Kun tajaajila bilisaa barattoota hundaaf kennamu yoo ta'u, Mootummaa Victoria irraa kan kennamudha.

**Duubdeebii**
Maloo waan yaaddan (gaariis ta'e hamaa), yeroo barbaaddanitti nuuf himaa. Duubdeebii iimeeliin gara smilesquad@dhsv.org.au erguu dandeessu

## Tajaajila wal'aansa ilkaanii

Smile Squad barattoota manneen barnootaa mootummaa Victoria keessa jiraniif ogeeyyii ogummaa dandeettii qabaniin tajaajila wal'aansa ilkaanii kaffaltii malee ni kenna.

### Qorannoo ilkaanii (check-up)

Qorannoon ilkaanii sakatta'iinsa ilkaanii, Irga, mangaagaa fi afaanii of keessatti qabata.

**Faayidaalee:** Dhukkuboonni afaanii/rakkoowwann ilkaanii irra caalaan isaanii sadarkaa jalqabaatti dhukkubbii hin fidani. Yeroo yerootti sakatta'amuun rakkoowwan dursanii hubachuuf karaa hunda caalu dha. Wanta ta'aa jiru erga beeknee booda, wal'aansa hordoffii dabalataa gochuuf karoorfachuu dandeenya.

Yoo hayyama kennitan, tajaajiloonni armaan gadii yoo baraticha kan fayyadan ta'e kennamuufii danda'u:

### X-ray ilkaanii

Meeshaan x-ray, raadiyaashiniitti fayyadamuun waan qaama keessa ta'aa jiru suuraa uuma.

Fiilmii xiqqaa afaan keessa kaa'ame fayyadamuun x-ray ilkaanii fudhanna.

**Faayidaalee:** X-ray'n waa'ee ilkaan ijaan arguu hin dandeenye odeeffannoo nuuf kenna. X-ray'n tortoruu, infeekshinii fi rakkoolee biroo argachuu danda'a.

**Balaawwan:** X-ray'n balaa hin qabu. Raadiyaashiniin x-ray yeroo baay'ee fudhannu, balalii xiyyaaraa caalaa raadiyeeshinii isaa gad aanaa qaba.

### Fayyadama Fluoride varnish

Fluoride varnish wal'aansa ittisaa yoo xiqqaate ja'a keessatti al tokko yoo itti fayyadamne bu'a qabeessa ta'a.

Varnish fluoride ilkaan irratti dibuun baayyee salphaa fi yeroo baayyee daqiiqaa muraasa fudhata. varnish'n hanga ilkaan buruushiin dhiqattanitti ilkaan irratti maxxana.

**Faayidaalee:** Fluoride'n albuuda beekamaa ilkaan cimaa ijaaruuf gargaaru fi ilkaan akka hin tortorre gargaarudha. Fluoride varnish'n tortoruu jalqaba irraa dhaabuu fi saffisa tortoruun itti raawwatamu hir'isuu danda'a.

**Balaawwan:** Yeroo baay'ee kan hin mul'anne ta'us, namoonni tokko tokko naqaa fluoride varnish keessatti argamuuf alarjii qabu. Barattoonni alarjii colophony/ rosin, casein (pirootiinii aannani) ykn asmii cimaa qaban fluoride varnish fayyadamuu dhiisuu danda'u.

### Fissure sealants

Sealant'onni uffata kan grooves (fissures) ilkaan irratti dibatamani dha. Yeroo baay'ee ilkaan dhuma irraatti argaman irratti kaa'amu.

**Faayidaalee:** Siilaantonni qaawwa ilkaan kan uwwisan yoo ta'u, nyaataa fi jarmiin akka hin qabamne dhorka. Kunis grooves keessatti tortoruufi babal'achuu akka hin dandeenye godha.

Meeshaaleen sealant baay'een isaanii filooraayidii of keessaa qabu. Sealant'onni yeroo dheeraa booda waan manca'aniif guutamuu ykn bakka buufamuun barbaachisuu danda'a.

### Ilkaan qulqulleessuu

Ilkaan yeroo buruushiin ilkaan kaalkulasii (hard plaque) ykn xurii jabaa balleessuu hin dandeenyetti dabalataan qulqulleessuun barbaachisuu danda'a.

**Faayidaalee:** Kaalkulasii kan irga namaa midhuu danda'u balleessuun carraa dhukkuba ilkaan qabamuu hir'isuu dandeenya.

## Wal'aansa hordoffii

Yoo wal'aansi dabalataa barbaachise, Smile Squad kana irratti mari'atee hayyama ni gaafata.

## Gaaffiiwwan irra deddeebiin gaafataman

**Warri, guddistoonni seeraa ykn kunuunsitoonni beellama barattootaa irratti argamuun isaan barbaachisaa?**

Warri, guddistoonni seeraa, ykn kunuunsitoonni yoo barbaadan akka argaman ni simatamu, garuu kun ulaagaa dirqama guutamuu qabu miti.

Maloo yoo hirmaachuu barbaaddan nu beeksisuuf Smile Squad qunnamaa.

Wal'aansi dabalataa yoo barbaachise, warra, guddiftuu seera qabeessa ykn kunuunsituu beellama sanatti akka dhufan gaafachuu dandeenya.

**Barataan tokko dhiheenyatti yaalii wal'aansa ilkaanii kan godhate yoo ta'ehoo?**

Barataan tokko dhiheenya kana daawwannaa ilkaanii yoo godhee jira ta'e Smile Squad tiin irra deebi'amee ilaalamuu danda'a. x-ray fi tajaajilootni ittisaa biroo isaan barbaachisuu dhiisuu danda'a.

**Barataan tokko yeroo daawwannaa Smile Squad mana barumsaa irraa yoo fagaate jira ta'e hoo?**

Barataan tokko mana barumsaa irraa yoo fagaate, guyyaa biraa ni argina ykn dhaabbata ilkaan hawaasa naannoo isaanii jirutti nu daawwachuu danda'u. Tajaajiloonni kunneen ammallee bilisa.

Kilinika ilkaan hawaasaa isinitti dhihoo jiru: www.dhsv.org.au/our-services/find-dental-clinics/clinic-search irraa barbaadaa

**Eenyuutu hayyama kennuu danda'a?**

Warri, guddistoonni seera qabeessa ta'an ykn daa'imman bilchaatan kan umuriin isaanii hin geenye unkaalee kana guutuu fi hayyama kennuu ni danda'u.

Akka daa'imma bilchaataa kan umuriin isaa hin geenye ta'etti fudhatamuuf, ogeessi fayyaa barataan sun balaa, faayidaa, fi rakkoolee haala isaanii fi yaala yaadame irratti hubannoo gahaa qabaachuu isaatiin hayyama beekumsa qabu kennuudhaaf itti quufuu qaba.

Barataan tokko murtoo wal'aansa ilkaanii tokko tokko gochuu akka danda'utti fudhatamuu danda'a, kanneen biroo garuu miti. Bakka barataan umriin isaa sadarkaa lammaffaa irra ga'e ogeessa fayyaatiin akka daa'imma bilchaataa kan umuriin isaa hin geenye ta'etti hin ilaalamnetti, isaan warra ykn guddiftuu seeraa irraa hayyama isaan barbaachisa.

## Sagantaa Wal'aansa Faayidaalee Ilkaan Daa'immanii (CDBS)

Barattoonni tokko tokko Australian Government's Child Dental Benefits Schedule(Sagantaa Wal'aansa Faayidaa Ilkaan Daa'immanii, CDBS) Mootummaa Awustiraaliyaa, karaa Medicare argachuuf ulaagaa guutuu maluu danda'u.

Mootummaan Awustiraaliyaa yoo unka hayyama CDBS mallatteessite kunuunsa ilkaan kanaaf bakka kee bu'ee himannaa akka dhiheessinu nu hayyama.

**Child Dental Benefits Schedule(Sagantaa Wal'aansa Faayidaa Ilkaan Daa'immanii, CDBS) maali dhaa?**
CDBS sagantaa Medicare kan daa'imman waggaa 0–17 ulaagaa guutan kunuunsa wal'aansa ilkaan bu'uuraa waggaa lamaa keessatti kennudha.

Barattoonni CDBS isaanii fayyadamuu kan danda'an:

- tajaajiloota Smile Squad tiif
- mana yaalaa ilkaan uummata Victoria itti
- mana wal'aansa ilkaan dhuunfaatti

Smile Squad barattoota ulaagaa guutaniif CDBS ni fayyadama.

Unka hayyama CDBS yoo hin mallatteessine ta'e illee, barataan hundi ammallee kunuunsa wal'aansa ilkaan bilisaa Smile Squad irraa ni argata. **Gatiin isin kaffalchiisu hin jiru.**

Smile Squad baasii Medicare jalatti akka gaafatu hayyamuuf unka hayyama CDBS kaffaltii hedduu akka mallatteessitan isin jajjabeessina. Kunis lammiilee Victoria hedduudhaaf kunuunsa wal'aansa ilkaan akka kenninu nu gargaara.

**Baasii kaffaltii hedduu wabiif**
Medicare odeeffannoo kana akka isiniif kenninu nu gaafata. Yoo CDBS fayyadamtan maallaqni kunniin faayidaa CDBS keessan irraa ni fudhatamu:

| Tajaajila | Kaffaltii CDBS baay'inaan kaffalamu | Meeqa kaffaltu |
|---|---|---|
| Qorannoo ilkaanii (check-up) | $59.60 | $0.00 |
| X-ray ilkaanii (yoo barbaachise) | $34.50 x-ray tokkoof | $0.00 |
| Fissure sealant'oota (yoo barbaachise) | $52.15 (yoo baay'ate) ilkaan tokkoof | $0.00 |
| Ilkaan qulqulleessuu (yoo barbaachise) | $101.55 (yoo baay'ate) sadarkaa qulqullina barbaachisu irratti hundaa'uun | $0.00 |
| Fluoride varnish ilkaan hunda irratti fayyadamuu (yoo barbaachise) | $39.15 iyyata tokkoof<br>(ji'a 12 keessatti hanga iyyannoo lamaatti dhiyaachuu danda'a) | $0.00 |

## Dhuunfummaa

Dental Health Services Victoria(Tajaajilli Fayyaa Ilkaan Victoria, DHSV) dhaabbilee wal'aansa ilkaan hawaasaa waliin ta'uun Smile Squad kennaa jira. DHSVn itti gaafatamummmaa sanada dhukkubsataa Smile Squad qaba. DHSV iccitii keessan kan kabaju yoo ta'u, odeeffannoo keessan eeguuf kutannoo qaba. Odeeffannoo keessan akkaataa *Seera Galmee Fayyaa fi Seera Eegumsa Dhuunfaa fi Daataatiin*ni ilaalla.

Yeroo murtaa'e irratti qorannoo fi madaallii Smile Squad fi tajaajila keenya fooyyessuuf daataa fi duubdeebii walitti ni qabna. Kanaaf eenyummaa keessan akka hin beekamne goonee eegna.

Odeeffannoo maqaa hin beekamne dhaabbilee mootummaa kan akka DHSV, Department of Education(Kutaa Barnootaa), fi Department of Health(Kutaa Fayyaa) gidduutti qooduun nu barbaachisa. Kana kan goonu waa'ee fayyaa afaanii barattoota hunda mana barumsaa Victoria keessa jiran waliin akka barannuuf. Odeeffannoo eenyummeessituu kamiyyuu ni haqna.

Ibsa iccitii guutuu DHSV dubbisuuf [www.dhsv.org.au/privacy](www.dhsv.org.au/privacy) daawwadhaa ykn koodii QR armaan gadii scan godhaa:

**Mirgootaa fi itti gaafatamummaawwan**
Koppiin mirga kunuunsa fayyaa keessanii marsariitii Komishinii Nageenyaa fi Qulqullina Eegumsa Fayyaa Australia irratti argama.

**Maqaa mana barumsaa:** ______________________ **Kutaa/daree (fkn.2B):** ______________________

**Maqaa guutuu barataa:** ______________________ **Guyyaa dhaloota barataa:** ___ / ___ / ___

Barataan armaan olitti maqaan isaa ibsame sagantaa ilkaan mana barumsaa Smile Squad irratti akka hirmaatu hayyama nan kenna.

Barataan tajaajila armaan gadii akka argatu hayyama nan kenna:

**Qorannoo ilkaan** (sakatta'iinsa) ☐ Eeyyee ☐ Lakki

Hubachiisa: Tajaajilli biroo kamiyyuu osoo hin kennamin dura qorannoo ilkaanif eeyyee jechuu qabdu.

**X-ray ilkaanii** (yoo barbaachise) ☐ Eeyyee ☐ Lakki

**Fluoride varnish** (yoo barbaachise) ☐ Eeyyee ☐ Lakki

**Fissure sealant'oota** (yoo barbaachise) ☐ Eeyyee ☐ Lakki

**Ilkaan qulqulleessuu** (yoo barbaachise) ☐ Eeyyee ☐ Lakki

Dhaloota itti aanu ogeessota fayyaa afaanii leenjisaa jirra. Barattoonni ogeessa fayyaa ilkaan/afaan ogeessa fayyaa dandeettii qabuun to'atamuudhaan ni ilaalamu.

Barataan kun ogeessa fayyaa ilkaan/afaan akka ilaalamu ni heyyamtaa? ☐ Eeyyee ☐ Lakki

Hanga beekumsa kootti, odeeffannoo fayyaa fi dhuunfaa barbaachisaa ta'e hunda kan kunuunsa barbaachisaa ta'e kennuudhaaf barbaachisu hunda Smile Squad akkan kenne, walii gala.

Hayyama kennuu keessatti, unka hayyamaa kanaa fi odeeffannoo kuufama kana keessatti argamu dubbisuu koo irratti waliin gala.

Kanneen armaan gadii hubachuuf odeeffannoo gahaa ta'e qaba:

## Tajaajila wal'aansa ilkaanii

Faayidaa fi balaa kana keessa jiru, tajaajilli sun eessatti akka raawwatamuu fi eenyu akka kennu dabalatee, gosoota tajaajila wal'aansa ilkaan Smile Squad kennu nan beeka. Tajaajilawwan kennaman hundi bilisa.

## Kunuunsa tajaajila wal'aansa ilkaan booda

Ogeessi fayyaa Smile Squad ykn hojjettoonni mana barumsaa yoo barataan tokko tajaajila wal'aansa ilkaanii erga fudhatee booda mana barumsaa keessatti yoo dhukkubsate, ykn mana barumsaa keessatti kunuunsa dabalataa kan hin danda'amne yoo barbaadan warra, guddiftuu seeraa, ykn kunuunsaa qunnamuu akka danda'an nan hubadha.

## Dhuunfummaa

Odeeffannoo dhuunfummaa kuufama kana keessa jiru dubbisee hubadheera akkasumas sagantichi odeeffannoo eegumsa fayyaa barattootaa akkamitti akka to'atu beekamtii kenna.

**Mallattoo warraa/guddistuu/barataa*:** ______________________

**Maqaa guutu warraa/guddistuu/barataa*:** ______________________ **Guyyaa:** ___ / ___ / ___

* Barattoonni umuriin isaanii waggaa 18 fi isaa ol ta'e, fi kanneen kaayyoo tajaajila ilkaan argachuuf jecha akka daa'imman bilchaatan kan umuriin isaanii hin geenye ta'etti ilaalaman ofii isaaniitiif hayyama kennuu ni danda'u. Hayyamni kun guyyaa mallattaa'e irraa eegalee ji'oota 12f hojiirra oola.

Qajeelfama qofa
Maloo Unka hayyamaa kan Afaan Ingiliffaatiin guutaatti deebisaa

**Maqaa mana barumsaa:** ______________________ **Kutaa / daree (fkn.2B):** ______________________

## Odeeffannoo barataa

**Maqaa jalqabaa:** ______________________ **Maqaa maatii:** ______________________

**Koorniyaa:** ☐ **Dhiira** ☐ **Dubartii** ☐ **Kan biraa,** maloo ibsaa ____________ **Guyyaa dhalootaa:** ___ / ___ /___

**Barattoonni maq-duree dhuunfaa kamiin filatu?** (dirqalee) ______________________

**Teessoo:** ______________________

**Naannoo magaalaa:** ______________________ **Koodii poostaa:** ______________________

Yoo barataa ofii keetiif hayyama kennite taate, maaloo kan armaan gadii dabali:

**Lakkoofsa bilbilaa:** ______________________ **Imeelii:** ______________________

## Odeeffannoo warraa/guddistuu

**Maqaa jalqabaa:** ______________________

**Maqaa maatii:** ______________________

**Hariiroo barataa wajjin qabu:** ______________________

**Lakkoofsa bilbilaa:** ______________________

**Imeelii:** ______________________

## Odeeffannoo warraa/guddistuu dabalataa (dirqalee)

**Maqaa jalqabaa:** ______________________

**Maqaa maatii:** ______________________

**Hariiroo barataa wajjin qabu:** ______________________

**Lakkoofsa bilbilaa:** ______________________

**Imeelii:** ______________________

**Barataan kun Aboriginal moo Torres Strait Islander dha?**

- ☐ Lakki, Aborginal'iis ta'e Torres Strait Islander miti
- ☐ Aboriginal
- ☐ Torres Strait Islander
- ☐ Aboriginal fi Torres Strait Islander
- ☐ Himuu hin barbaadu

**Barataan kun nama koolugaltummaa barbaadaa jira moo nama baqataa(godaanaa) dha?**

- ☐ Lakki, nama koolugaltummaa barbaadees ta'e baqataa miti
- ☐ Baqataa(godaanaa)
- ☐ Nama koolugaltummaa barbaadaa jiru
- ☐ Himuu hin barbaadu

**Turjubaanni ni barbaachisa?** ☐ Eeyyee ☐ Lakki

**Afaan filatamaa:** ______________________


**Barataan kun Awustiraaliyaa keessatti dhalatee?** ☐ Eeyyee ☐ Lakki, biyya kam keessatti dhalatanii? ____________

Yoo barataan kaardii Medicare hin qabne, maaloo kutaa kana duwwaa dhiisa.

**Lakkoofsa kaardii Medicare barataa:** ☐☐☐☐ ☐☐☐☐☐ ☐

**Lakkoofsa wabii dhuunfaa:** ☐

**Guyyaa xumuraa:** ☐☐ / ☐☐☐☐




Gajeelfama qofa
Maloo Unka hayyamaa kan Afaan Ingiliffaatiin guutaatii deebisaa

Australian Government
Department of Health

## SAGANTAA FAAYIDAALEE ILKAAN DAA'IMMANII
## UNKA HAYYAMA DHUKKUBSATAA KAFFALTII JALQABAA

Ani, dhukkubsataa / guddistuu seeraa, akka na beeksisan nan mirkaneessa:

- Kunuunsa Sagantaa Faayidaa Ilkaan Daa’immaniin uwwifame kan guyyaa kana ykn sana booda kennamu ilaalchisee;
- Baasii wal’aansi kun baasu jedhamee eegamu ilaalchisee; fi
- Haala kanaan, maallaqni gahaan daangaa faayidaa jalatti yoo jiraate, tajaajila Gabatee Faayidaa Ilkaan Daa’immanii jalatti kennamuuf kaffaltii hedduu nan argadha, kanaafis kiisha koo keessaa kaffaluun narra hin jiru.

***Faayidaan ilkaan koo ykn dhukkubsataa daangaa faayidaa qofa irratti akka daangeffame nan hubadha.***

***Sagantaan Faayidaa Ilkaan Daa’immanii hojimaata xixiqqoo qofa akka uwwisu fi tajaajiloota tokko tokkoof faayidaan daangeffamuu akka danda’u nan beeka. Tajaajila kamiyyuu Sagantaa Faayidaa Ilkaan Daa’immaniitiin hin haguugamneef baasii dhuunfaan guutuu akka na barbaachisu nan hubadha.***

***Baasii tajaajilaa daangaa faayidaa jiru akka hir’isu fi faayidaan erga xumuramee booda baasii tajaajila dabalataa kamiifuu dhuunfaan itti gaafatamummaa akkan fudhadhu nan hubadha.***

# Wabii

Lakkoofsa Medicare dhukkubsataa

Mallattoo dhukkubsataa ykn kunuunsituu seeraa

Maqaa dhukkubsataa guutuu

Maqaa guutuu nama mallatteesse (yoo dhukkubsataa hin taane)

Guyyaa

Unkaan kun hanga waggaa mallattaa’etti Mudde (December) 31 qofa hojiirra oola.

Qajeelfama qofa
Maloo Inka hayyama kan Afaan Ingiliffaatiin guutamu deebisaa

**Barataan kun alarjii beekamaa ta'e kamiyyuu qabaa?**

☐ Eeyyee ☐ Lakki **Yoo eeyyee ta'e:**

☐ Antibiotics ☐ Casein (pirootiinii aannani) ☐ Colophony/rosin ☐ Nyaata

☐ Latex yookiin tapes ☐ Qorichoota biroo ☐ Kan biraa

**Barataan kun yeroo ammaa qoricha kamuu fudhataa jiraa?**

☐ Eeyyee ☐ Lakki **yoo eeyyee ta'e, maaloo maqaa qoricha, doozii fi yeroo hagamitti akka fudhatamu tarreessa**

**Barataan kun dhukkuba sombaa qabaa?**

☐ Eeyyee ☐ Lakki **Yoo eeyyee ta'e:**

☐ Asthma → Yoo mana yaalaa seene ture ji'aa fi waggaa tarreessa

☐ Dhukkuba sombaa ☐ Tuberculosis ☐ Kan biraa

**Barataan kun dhukkuba onnee (cardiovascular) qabaa?**

☐ Eeyyee ☐ Lakki **Yoo eeyyee ta'e:**

☐ Mudaa onnee ☐ Baqaqsanii hodhuu onnee ☐ Dhukkuba onnee rheumatic

☐ Dhiibbaa dhiigaa gadi bu'aa ykn olka'aa ☐ Dhiigni garmalee dhiiguu ykn rakkoo dhiigaa ☐ Kan biraa

**Barataan haala miiraa, hubannoo ykn fedhii dabalataa (qaama miidhamummaa) qabaa?**

☐ Eeyyee ☐ Lakki **Yoo eeyyee ta'e:**

☐ Cinqii ykn dhiphina sammuu ☐ Rakkoo hanqina xiyyeeffannoo ☐ Rakkoo Autism spectrum ☐ Rakkoo Qaamaa (wiilcheeriin fayyadamuu barbaachisu dabalatee)

☐ Rakkoo hubannoo sammuu ☐ Rakkina arguu ykn dhaga'uu ☐ Kan biraa

**Barataan kun dhibee fayyaa yookiin meedikaala kan biraa qabaa?**

☐ Eeyyee ☐ Lakki **Yoo eeyyee ta'e:**

☐ Dhukkuba sukkaaraa gosa 1ffaa ☐ Dhukkuba sukkaaraa gosa 2ffaa ☐ Kaansarii ☐ Haala fayyaa yeroo dheeraa (fkn. dhiigni sammuu keessatti dhangala'uu (stroke), arthritis)

☐ Dhukkuba kalee ☐ Dhukkuba tiruu ☐ Dhukkuba gaggabdoo (Seizures) yookiin Libaabee (epilepsy) ☐ Baqaqsanii hodhuu biroo (fkn. jijjiirraa qaama, buusaa namtolchee)

☐ Kan biraa

**Barattuun sun ulfa ta'uu dandeessii?** ☐ Eeyyee ☐ Lakki ☐ Deebii hin qabu

**Barataan kun oomisha tamboo (tamboo xuuxuu) ykn e-sigaaraa (vaping) ni fayyadamaa?** ☐ Eeyyee ☐ Lakki ☐ Deebii hin qabu

**Yoo eeyyee ta'e:** ☐ Tamboo xuuxuu ☐ Vaping ☐ Kan biraa

**Barataan kun dhugaatii alkoolii ni dhugaa?** ☐ Eeyyee ☐ Lakki ☐ Deebii hin qabu

Gaaffilee armaan olii kamiyyuu kan biraa jettanii deebistanii jirtu yoo'e, maaloo ibsaa

Qajeelfama qofa
Maloo Unka hayyamaa kan Afaan Ingiliffaatiin guutaatii deebisaa

Waa'ee barattootaa caalaatti hubachuu fi karoora hundarra gaarii ta'e akka qopheessinuuf gaaffilee armaan gadii gaafanna.

| | |
|---|---|
| **Barataan kun afaan isaa keessatti dhukkubbii ni qabaa (fakkeenyaaf rakkoo ilkaanii irraa kan ka'e hirriba dhabuu)?** | ☐ Eeyyee ☐ Lakki |
| **Barataan kun sababa rakkoo ilkaan ykn afaan isaaniitiin nyaachuu ykn dhuguu irratti ni rakkataa?** | ☐ Eeyyee ☐ Lakki |
| **Barataan kun sababa rakkoo ilkaan ykn afaan isaaniitiin sirriitti dubbachuuf ni rakkataa?** | ☐ Eeyyee ☐ Lakki |
| **Barataan sun sababa rakkoo ilkaan ykn afaan isaanii irraan kan ka'e, mana barumsaa ykn sochiiwwan biroo irraa hafee jiraa?** | ☐ Eeyyee ☐ Lakki |
| **Barataan kun sababii rakkoo ilkaan ykn afaan isaatiin barattoota biroo biratti hin seequ, hin kolfu ykn ilkaan hin mul'isuu?** | ☐ Eeyyee ☐ Lakki |
| **Barataan kun kanaan dura ilkaansaa qoratamee turee?** | ☐ Eeyyee ☐ Lakki<br>Yoo eeyyee ta'e, yoo beekame guyyaa isaa |
| **Barataan kun waggoota sadan darban keessatti ilkaan isaa waan torttoreef ilkaan guutamee ykn buuqifamee turee?** | ☐ Eeyyee ☐ Lakki ☐ Mirkanaa'aa miti |
| **Barataan yeroo meeqa dhugaatii sukkaaraan mi'eeffame kan akka dhangala'aa fuduraa, dhugaatii lallaafaa ykn cordial fayadama?** | ☐ Guyyaatti yeroo sadii fi isaa ol<br>☐ Guyyaatti al tokko yookiin lama<br>☐ Torbanitti yeroo muraasa<br>☐ Gonkumaa jechuun ni danda'ama |
| **Barataan kun yeroo meeqa ilkaan isaa saamuunaa ilkaanii buruushiin dhiqata?** | ☐ Guyyaatti al tokko (ganama)<br>☐ Guyyaatti al tokko (Galgala)<br>☐ Guyyaatti al lama<br>☐ Guyyaatti al tokko gadi<br>☐ Guyyaatti al lama ol |
| **Barataan kun sodaa ykn miiraaf saaxilamuu ykn muuxannoo gadhee yeroo gara ogeessa ilkaanii dhaqee ture ykn sana booda argate, isa nuti beekuu qabnu qabaa?** | ☐ Eeyyee ☐ Lakki |
| **Barataan kun mala tooftaa deeggarsa kamiyyuu fayyadamee rakkoo kana akka gaariitti dandamachuu danda'aa? Fakkeenyaaf, ashangulliitii jaallattu, appii iPhone, kitaaba**<br>(yoo eeyyee ta'e, odeeffannoo armaan gaditti bal'inaan kenna maaloo daawwannaa itti aanuttis fidaa) | ☐ Eeyyee ☐ Lakki |
| **Miseensi maatii yookiin namni mana barataa waliin jiraatu tokko ilkaan isaa fi/yookiin irga isaa rakkoo guddaa qabu jira?** | ☐ Eeyyee ☐ Lakki ☐ Mirkanaa'aa miti |
| **Ilkaan barataa kanaafi afaansaa ilaaluu keenya dura wanti akka beeknu barbaaddan kan biraan jiraa?**<br>Yoo eeyyee ta'e, bal'inaan armaan gaditti nuuf ibsaa. | ☐ Eeyyee ☐ Lakki |

Qajeelfama qofa
Maloo Unka hayyamaa kan Afaan Ingiliffaatiin guutatii deebisaa